Kabajamoo maatiiwwan manneen Barnoota Ummata Siyaatil:

Bara kana, barattoonni kutaa 3-10 jiran yeroodhaa irkataa madaallii heerregaa haaraa ni fudhatu. Irkatnni madaallii barattoonni durtii/standaardii baratan wajjin ammam hubachuu akka danda'an madaaluuf ni gargaara. Qaroomina ykn guddina ni madaalu jechuu miti. Irkatnni barsiistonnii fi barattoonni sadarkaa kutaa irraa barnoonni irratti kenname ilaalchisee hubannoo kennuufidhaan ni fayyada. Madaalliwwan kun kutaa hojii aanichaa sirna gargaarsa hedduu (MTSS) kan sagantaa daa'ima guutuu fi barattoota keenya tookoo tokkoo fi hunda isaaniif bu'aa walqixa ta'ee qaqqbsiisuuf hojii irra oolaa jiruuti.

Bara darbe maneen barnootaa 20 keessatti madaallii yeroodhaa taasisuuf dadaltoota keenya wajjin shirkoofnee turre. Fooya'ina hordofuuf madaalliin nuti fayyadamnu barnoota, sadarkaa ykn staandaardii fi baay'ina daa'imman keenyaa kan calaqisiisu akka ta'u ni barbaadna. Barsiiftonnii fi barattoonni madaalliwwan kun haala kamiin murtee barnoota barsiisaa hubannoo gaarii kan kennan yeroo ta'u akkasumas fedhiiwwan barattoota hundaa guutuudhaaf maaltu akka barbaachisu ni agarsiisu.

Deebiin qorannaa dirree irraa argame gatii ijaa qabuuf yeroo sagantaa bara barnoota 2018-2019 kan waliigala aanichaa qopheessinu ilaalcha guddaa keessatti ni galchina.

<u>Madaalliin yeroo Manneen Barnoota Ummata Aanaa Siyaatil:</u>

1. Barnoota Afaan Ingiliffaa fi heerrega wajjin wal simatu akkasums bal'innii fi tartiibni isaa sirna barnootaa aanichi madaqse waliin kan deemuudha.

2. Koman koorii afaan ingiliffaa fi heerregaa kan sadarkaa naannootiin kan waliin deemuudha.

3. Kan barattoota keenya calaqisiisuu fi aadaa isaanii wajjin kan deemuudha.

4. Barattoota keenya wajjin dhugummaan kan qoratamee fi yaada barsiisota irraa kennameen akka simatamu kan taasifameedha.

<u>Sagantaa Madaallii heerrega yeroo kan bara 2018-2019:</u>

Madaalliin yeroo kan heerregaa uullagaalee fayyadamuu armaan gadii irratti hundaa'uudhaan maneen barnoota hundaaf kutaa 3-10 qophii ni ta'a.

- Mata Duree I/LAP fi Manneen barnoota Leevii: Yoo xiqqaate kutaalee 3ffaa – 5ffaa keessatti sadarkaa kutaa tokkoo keessatti.
- K - 8: mana barumsaa giddu galeessaa keessatti (6ffaa – 8ffaa) ykn sadarkaa 1ffaa (3ffaa – 5ffaa) sadarkaawwan filataman keessatti
- Sadarkaa 2ffaa: kutaalee 9ffaa fi 10ffaa
- Manneen Barnoota kan biraa hunda keessatti: barattoota hunda kutaa 3ffaa-8ffaa

Qabxxii madaallii yeroo kan barataa keessanii akka isin qaqqabu yoo barbaaddan, yeroo konfaransii gabaasa qabxii gaafadhaa.

<u>Sagantaa Madaallii Afaan Ingiliffaa yeroo kan bara 2018-2019:</u>

Barri kun wagga lammaffaa yaalii madaalichaa yammuu ta'u barattoonni bu'ura qabxxii giddu galeessaa madaallii yeroo afaan ingiliffaa kan bara 2018-2019 akka fudhatan isaan irraa hin eegamu. Manni

barnootaa keessan madaala yaalii afaan ingiliffaa irratti akka hirmaatuu fi akka hin hirmaanne baruu yoo barbaaddan barsiisaa mana barumsichaa ykn ittigaafatamaa mana barumsichaa qunnamaa.